



Full Length Research Paper

Xiinxala Gahee Loonii Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromoo Maccaa Keessatti: Kuttaayee Irratti Xiyyeffachuuun

Jiraa Mokonnon (PhD)^{1*}, Bulloo Fiixa², Tarrafee Mitikku³

¹fi³Yuunivarsiitii Jimmaa, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa, Imeelii: jiramekonnen@gmail.com; terefemitiku46@yahoo.com, walduraa duubaan.

²Yuunivarsiitii Mattuu, Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa, Imeelii: bulofita18@gmail.com

Submission Date: September 8, 2023

Acceptance Date: April 02, 2024

Axareeraa

Qorannoon kun gahee loon jilaalee fuudhaafi heerumaa aadaa Oromoo Maccaa, keessattuu kan gosa Kuttaayee keessatti qaban xiinxaluu irratti xiyyeffata. Kaayyoon qorannoo kanaa gahee loon raawwileeee jiloota fuudhaafi heeruma aadaa Oromo Kuttaayee keessatti qaban qorachuun adda baasuufi qaawwa beekumsaa gama kanaan jiru guutuudha. Qorannoo kanaaf saxaxni ibsaa qorannoo akkamtaatti dhimma bahameera. Malli iddatteessuu qorannoo kanaa ammoo iddatteessuu miti-carraati. Gosa miti-carraa keessaa darbaa-dabarsaafi kaayyeffataatti fayyadamanneerra. Maddi ragaa qorannoo kanaa ragaa duraafi lammaffaati. Tooftaaleen funaansa ragaa qorannoo kanaaf hojiirra oolan af-gaaffifi marii garee xiyyeffataati. Waliigalatti, qorannoo kanaaf ragaaleen guuraman walitti qindaa'uudhaan mala ibsuu qorannoo akkamtaafi yaadiddama qorannoo galumsaatti dhimma bahuun xiinxalameera. Yaadhiddamni kuniis hojji kana keessatti ragaan argame haala galumsa aadaafi duudhaa hawaasaatiin akka xiinxalamee hubatamuuf gumaacheera. Argannoon qorannoo kanaa akka ibsutti, gahee loon jilaalee fuudhaafi heeruma aadaa Oromoo Kuttaayee keessatti qaban ol'aanaa ta'uu isaa agarsiisa. Kana malees, raawwiin cidhaa kun looniifi bu'aalee isaanii malee jifuun isaa guutuu kan hintaane ta'uus mul'iseera. Haa ta'u malee, sababa jijiirama hawaasummaa naannoo qorannichaa keessatti mul'ataa dhufeen, horsiisni looniifi ga'een isaan raawwii cidha fuudhaafi heeruma aadaa keessatti qaban jijiiramaa dhufeera.

Jechoota Ijoo: *Fuudhaafi heeruma, jilaalee aadaa, loon, Oromoo Kuttaayee*

Analysis of the Roles of Cattle in the Traditional Marriage Rituals of the Macca Oromoo: The Case of Kuttaye

Abstract

This study focused on the analyses of the roles of cattle in Kuttaye Oromoo traditional marriage rituals. The aim of the study was to investigate the role of cattle in the traditional marriage rituals of the Kuttaye and to analyze the changes and continuities in relation to the cultural life of the people and their marriage practices. A descriptive qualitative design was used for this study and the sampling technique employed was that of non-probability. From the type of non-probability sampling technique, snowball and purposive sampling were used. Both primary and secondary data sources were used. Secondary sources were used to complement the primary sources that were collected from informants through interviews, key informant interviews (KII) and focus group discussions (FGD). The data collected from the field were analyzed using descriptive method of qualitative research and contextual folklore theory. The findings of this study revealed that cattle in general play major roles in the traditional marriage practices of the Kuttaye Oromoo. Further, the marriage practices become incomplete without the cattle and their products. However, it was found out that cattle rearing and their roles in the traditional Kuttaye marriage rituals have been changing from time to time among the community of the study area.

Keywords: Traditional marriage, rituals, cattle, Kuttaye Oromoo

1. Seensa

Jiruufi jireenyi Oromoo horii horsiisuufi qonna irratti kan bu'uureffatedha (Asaffaa, 2010). Horii horsiisuu addatti immoo loon qabaachuuniifi lafa qotuun baroota dheeraaf bu'uura jiruufi jirenya Oromoo yoo ta'u, naannoowwan akka Arsiifi Booranaa fa'aatti ammoo horsiifni loonii hojii dinagdee foyyeessu qofa osoo hintaane, bu'uura jiruufi jirenya isaanii guyyuti (Geetinnat, 2002). Akkasumas, qabeenyaalee Oromoorn qabu keessaa akka mallattoo duroomaatti kan ilaalamu qabeenya looniiti (Baarteels, 1975).

Lafatti aansee qabeenyi guddaan Oromoorn qabus loon jedhama. Sababiin isaas irra caalaan jirenya Oromoo loon horsiisuu irratti waan xiyyeffateef, akkasumas jiruu guyyuufi jilaalee isaa mara keessatti loon gahee guddaa waan qabaniif. Sababa kanaaf, loon dhabuun qananii dhabuu waan ta'eef, yoo loon dhibamte jirenyi itti hammaata, kabajas nidhaba jedhamee amanama.

Kanaaf, loon wantoota gaarii ta'an kan Waaqni eebbisee ilma namaaf kenne keessaa isaan ijoodha. Kun immoo jiruufi jirenyi Oromoo loon malee akka hinbareenneefi kennaa Waaqni jirenya isaa miidhagsuuf kenneef ta'uu isaa hubachiisa. Dabalataanis, loon bu'uura jiruufi jirenya Oromoo ta'uu irraa kan ka'e akka aadaafi duudhaa ummatichaatti, isaan qabaachuun mataan isaa hawaasa keessatti gulantaa namaaf kan kenu ta'uu isaa hubachiisa (Abbaa Liibaa Dabbasaa, 6410).

Gama biraatiin, Oromoo biratti namoonni loon hedduu horsiisuun milkaa'anii durooman, hawaasaa keessatti barcumniifi beekamtiin isaan qabanis dabalaafii kan deemu ta'uu Nagaasoo (1984) fi Fiixee (2013) ibsanii jiru. Kun immoo loon qabaachuun ittiin jiraachuu irra darbee kabaja kan namaaf kenuuifi akka duudhaa sirna gadaatti ammoo barcuma abbaa sa'aa yookiin karraa kan namaaf kenu ta'uu isaati. Looniifi bu'aaleen isaanii jiruufi jreenya Oromoofi addatti ammoo raawwii fuudhaafi heerumaa keessatti bakka guddaa qaba. Ta'us gaheen isaanii kun qorannoon deeggaramee akka ragaatti dhalootaaf kaa'amuu irratti haqinatu mu'ata.

Qorannooleen dhimma qorannoo kanaatiin walitti dhufeenyaa qaban nijiru. Isaan keessaa tokko Taaganyi (2011), mata duree ‘Faaruu Saayyaa’ jedhuun jaalala Oromoorn Arsii, looniif qabu qorateedha. Ta’us gama gaheefi mallattummaa loon raawwii sirna fuudhaafi heeruma aadaa keessatti qabaniifi beekumsa gama sanaan jiru ibsuurratti hanqinatu mul’ata. Kana malees, Nuguseefi kanneen biroo (1998), akkaataa raawwii horsiisa loonii Oromoorn Arsii gama aadaatiifi ammayyaatiin jiru walbira qabanii xiinxaluun qorannoo taasisaniiru. Hojiin kunis ooda loon raawwilee fuudhaafi heerumaa keessatti qaban waan kaase hinqabu. Balaayiifi kanneen biroo (2012), akkaataa horsiisa loonii qotee bulaan tokko itti adeemsisu akka Aanaa Dandiifi akkasumas, Soloomoon (2014) ammoo mata-duree walfakkataatiin kan Godina Matakkal, Kaabaa Dhiha Itiyophiyaa irratti bu’ureffachuu qorataniyyuu waa’ee gahee loonii irratti xiyyeffannoo hingoone.

Amaanu’elifi Hirphaan (2018), akkaataafi haala raawwii horsiisa loonii gama duudhaa Oromoorn ganamaatiin taasifamu keessaa addatti ammoo sa’ a aannaniifi tooftaa isaan itti dhimma bahan kan Oromoorn Aanaa Walmaraa irratti xiyyeffachuu qorataniiru. Isaan kunis gama horsiisa loonii malee gahee isaan jila fuudhaafi heeruma aadaa keessatti qaban hinkaasne. Dabalataan, Milkeassaafi kanneen biroo (2017), mata duree “Hora and Cattle Owners of Maccaa Oromo” jedhu irratti naannoo Ambootti qorataniiru. Waliigalatti, qoraannoowwan olitti eeraman kunneen, dhimma hariiroo looniifi Oromoorn ilaachisee waan ibsan qabu. Haata’u malee, gahee loon jilaa fuudhaafi heeruma aadaa Oromoorn keessatti qaban baasanii ibsuurratti hanqinatu mul’ata. Kanaaf, ka’umsiifi kaayyoon qorannoo kanaa ga’ee loon raawwiilee cidha fuudhaafi heeruma aadaa Oromoorn Maccaa keessaa tokko kan ta’e Kuttaaye biratti qaban qorachuufi qaawwa qorannoowwan duraan dhimma kana irratti qaban guutuuf kan gaggeeffameedha. Dabalataanis, gahee loon sirna fuudhaafi heeruma aadaa keessatti qaban kunneen yeroodhaa gara yerootti laafaa waan dhufef qorannoorn kun beekumsaafi duudhaa kana qorachuun katabamee dhalootaaf akka darbu gochuuf kan adeemsifameedha.

2. Sakatta'a Barruulee

Loon jiruufi jirenya Oromoorn keessatti kallattiiniis ta’ee alkallattiin gahee adda addaa qabu. Haaluma kanaan Taganyi (2011), “Loon lafee dugdaa jiruufi jirenya Oromoorn ta’uu, soorataaf, maallaqa argamsiisuuf, akkasumas gurguranii mi’a, uffataafi kanneen biroo bitachuuf faayidaa ol’aaanaa akka qaban” ibseera. Hojiwwan akka kanaa irraa loon qabeenya ijoofi aadaafi duudhaa Oromoorn waliin ammoo hariiroo jabaa kan qaban ta’utu hubatama. Kanaaf, achumaa as-dhufteesatiin Oromoorn beeyiladoota waliin addattimmoo loon waliin hidhannoo cimaa qabaachuu isaa ilaalcha inni looniif qabu irraa hubachuun nidanda’ama. Dhimmoonni kun ammoo kallattiilee akka siyaasaa, amantii, jiruufi jirenyaafi guyyuu ummatichaa keessatti mul’ata.

Oromoorn sochii qubsuma babal’ifanna lafaa jaarraa kudha jahaffaa keessa osoo hin jalqabin dura dinagdeen isaa walmakaa (qotee bulaaifi horii horsiisuu) yoo ta’u, irra caalaan garuu horsiisarratti kan bu’ureffateadha jedhu warri seenaa qoratan (Asaffaa, 2010fi Darajjee, 2015). Sosochii babal’ifanna sana boodas akkaataa qubsuma lafaatiin horii horsiisuufi midhaan gosa adda addaa oomishuun jiraachaa ture (Harrower fi kaan, 2010; Mohammad, 1990).

Haaluma walfakkaatuun, loon bu’uura jirenya Oromoorn akka ta’an Asaffaanis (2010) ibsee jira. Jiruufi jireenyi ummatichaa wantoota hedduu of keessaa qabaatus, Oromoorn qotee buluufis ta’e horsiissee buluuf loon qabeenya bu’uuraati. Ummata kanaaf loon nyaataaf, jilaa guutuu taasisuuf, kabaja namummaa argamsiisuuf (to gain better and higher social status), ilmaan dhaalchisuuf, aarsaafi kenna jiloottaa ittiin

dhiyeessuufi sirna araaraa ittiin raawwachuuuf akkasummas, faayaalee garaa garaa irraa tolfachuuf kan gargaaran ta'uu isaanii Asaffaa (2010) fi Darajee (2015) gad-fageenyaan ibsaniiru.

Dabalataanis, Gammachuun (1993, f. 186) qooda loon jiruufi jirenya Oromoo walii-galaa keessatti qaban yoo ibsu, akkas jedha, "By far, the most important of the domestic animals in the overall life of the Oromo, whether they be agriculturalists or pastoralists, are cattle." Akka yaanni waraabbii kun ibsutti, 'Bu'uurri jirenya Oromoo qotees ta'e horsiisee buluu beeyiladoota keessaa loonii" jedha. Akkasumas, aadaa Oromoo keessatti qofa osoo hintaane, akka sadarkaa Afrikaattuu loon bakka gatan kan hinqabneefi bu'aaleen isaanii kan akka gogaa, gaafaafi qeensaa faayidaalee adda addaaf kan oolu ta'uus Coertze (1986) ibsee jira.

Qooda isaan dinagdee keessatti qaban irraa kan ka'e, Oromoon loon isaa lafa hir'inni margaafi bishaanii jiru irraa gara lafa marga qabuufi bishaan jiruutti godaanuuf tarsiimoowwan adda addaa akka fayyadamu Gammachuun (1993) ibseera. Kana malees, karaa hedduun hawaasummaa uumuufi cimsuu keessatti loon gahee ol'aanaa niqabu. Tikeen lafa tikaatti, maanguddoon galgalaafi ganama lafa foona looniitti walga'uun waliin taphatu, yaadaafi dhibdee jirullee nifuratu. Gamtaan ta'aanii jiruufi jirenya ofii fooyyeeffachuu irratti nimari'atu (Fiixee, 2013).

Kana malees, akkaataa naannoo jirataniin walitti gamtoomanii, seera tumanii, darabee naqachuudhaan loon tikfatu. Baay'inni namoota walitti dhufanii ammoo hanga mana afurtamaatii shantamaa ta'uu nimala. Walii galtee kana keessatti, nama seera darabee kanaa cabsee, yeroo eegee loon bishaan obaasuu dideefi lafa margaa geessee dheechisu dide adabuun hawaasummaa keessaa baasu. Akka Fiixeen (2013) jedhutti, hawaasummaa keessaa bahuun ammoo guutummaa jiruufi jirenya nama sanaa hawaasaan ala godha. Walumaa galatti, loon hawaasummaa uumuufi cimsuu keessatti iddo guddaa qabu jechuudha.

Aadaafi duudhaa Oromoo keessatti, raawwilee hedduun looniifi bu'aalee isaaniitiin akka raawwatamu, dabalataanis, loon duudhaaleefi jilaalee Oromoo guutuu akka taasisan Gammachuun (1993) fi Darajjeen (2015) ibsaniiru. Dabalataan, loon raawwii sirna Gadaa guutuu taasisuuf qooda guddaa qabu. Haaluma kanaan, jifuun jila sirna gadaa guutuu kan ta'u looniin ta'a jechuudha. Yeroo buttaa qalan kan dhiyaatu korma buttaati. Korma loonii malee jilli, fakkeenyaaaf jila sirna aangoo/baallii Gadaa wal harkaa fuudhuu, guutuu hinta'u jedhu.

Akka ilaalchaafi duudhaa Oromoo Maccaatti, kormi, hameessaafi waatiin loonii dhala namaa wajjin kan walfakeeffamaniifi mararsifatamaniidha (Baartelsi, 1975). Dhimmi mararfannaafi faarsuu loonii kun ammoo ilaalchaafi dhugeeffanna ummatichaa cinaatti gahee isaan jirenya guyyuu isaa keessatti qaban bu'uureffachuudhaan akka ta'es ni'ibsa. Akka aadaafi dhugeeffanna Oromootti, jilli fuudhaafi heerumaa tokko looniin ala jaatanii guutuu hinta'u. Kanaaf, gaa'ela tokko akka aadaatti raawwachuuuf duudhaan isaa guutamuu qaba. Waantoota duudhaa kana guutuu taasisan keessaa ammoo loon isaan hangafaafi bu'uuraati. Kanaaf, gaafa cidhaas ta'e raawwilee guyyaa cidhaan booda raawwataman hundi guutuu taasisuuf loon murteesoo ta'u qorattoonni mirkaneessan nijiru.

Haaluma kanaan xiinxala qorannoo kanaaatiif *yaadhiddama galumsaa*, 'Contextual theory'tti dhimma bahameera. Yaadhiddamni kun hojilee qorannoo sanyabsaa, 'ethnographic research' keessatti gumaacha guddaa qaba. Kunis, hojii qorannoo tokko keessatti dhimmoota qorataman, mallattoolee, jechootaafi raawwiilee adda addaa qorannicha keessatti dhimma itti bahaman sunneen yoo ibsamaniifi hubataman akkaataa galumsaafi itti fayyadama hojii qorannoo sanaa keessatti akka ta'e kan ibsuudha.

Yaada kana cimsuuf, Filee (2021) fi Dorson (1972) akka jedhanitti, yadiddamni galumsaa haala dubbi, amala, walii galtee, akkaataa ibsama wantootaa ittiin ibsamu qorachuuf gahee cimaa kan qabu ta'uu isaa ibsaniiru. Yaada kana irraas kan hubannu, xiyyeffannoona yaad-hiddama kanaa, hojii qorannoo keessatti raawiileefi dhimmoonni qorannicha keessatti dhimma itti bahame kan ibsamaniifi hubatamuu qaban haala galumsatiin ta'uu isaati. Haaluma kanaan, yaadhiddamni kun hojii qorannoo kanaa keessatti hiika, mallattummaafi ergaa loon raawwiilee sirna fuudhaafi heerumaa keessatti qaban ittiin xiinxallee ibsuuf gumaachaa olaanaa waan qabuuf.

Kana malees, mallattummaafi hiikni loon sirna fuudhaafi heerumaa fi raawwiilee hawaasummaa biroo keessatti qaban walfakkaachuu dhiisuu nimala. Kanaaf, sirna kana keessatti loon qooda akkamii qabu, mallattummaafi ergaan isaan guutummaa raawwiilee cidha kana keessatti qaban haala galumsa qabuun akka hubatamu gochuu keessatti gumaacha ol'aanaa qaba.

3. Malleen Qorannichaa

Qorannoona kun qorannoo sanyabsaa (ethnographic research) waan ta'eef malli qorannoo hojiirra oole mala akkamtaati. Saxaxni qorannoo kanaaf hojiirra ooles saxaxa ibsaa qorannoo akkamataati. Saxaxni kun qorattooni odeeoffannoowa aee qorannicha ummata keessa gadi bu'anii akka argataniifi ragaalee argamanis ija hawaasaatiin xiinxalanii kaa'uuf kan gumaachuudha. Maddi ragaa qorannoo kanaaf hojiirra oole ammoo madda ragaa tokkoffaa yoo ta'u, madda kana deggeruuf ammoo maddi ragaa lammaffaas dhimma itti ba'ameera.

Ragaan qorannoo akkamtaa kanaa karaa tooftaalee funaansa ragaa af-gaaffifi marii garee xiyyeffataan walitti qabamaniiru. Haaluma kanaan, maanguddoota dhiiraafi dubartoota buleeyyi kanneen aadaafi duudhaa Oromoo ganamaa irratti muuxannoofi bilchina qaban akkasumas, raawwi fiuudhaafi heerumaa keessatti qooda loon qaban irratti hirmaachaa turuun hubannoo gahaqabu walii af-gaaffii gamisaan caaseffame taasisuun ragaan guuramuun haala galumsaa isaatiin xiinxalameera. Gama biraatiin mariin garee xiyyeffataatiis, maanguddoota hubannoofi muuxannoo cimaa qaban walii taasisuun ragaaleen qorannoo quubsaan guurameera.

Qorannoo kanaaf malli iddatteessuu miti-carraa (non-probability sampling) yoo ta'u akaakuwwan miti-carraa keessaa ammoo mala darbaa-dabarsaa (snowball sampling) fi kaayyeffataati (purposive sampling) dhimma ba'uun ragaan guurameera. Haaluma kanaan, jamaa qorannoo kanaa kan ta'an Oromo Kuttaayee addattimmoo, maanguddoota isaanii hirmaachiseera. Walumaa galatti, ragaaleen qorannoo kanaaf ragaa himtoota irra walitti qabaman hundi mala ibsuufi hiikuu qorannoo akkmataafi yaad-hiddama qorannoo galumsaatti dhimma bahuun, akkasumas akka hubannaafi beekumsa hawaasa naanno qorannichaatti xiinxalamuun dhiyaataniiru.

4. Qaaccessa Ragaalee Qorannichaa

4.1. Yaadrimee cidha fuudhaafi heerumaa

Fuudhaafi heerumni bu'uura hariiroo hawaasaa ta'ee sirna wal-hormaataa namootaa keessaafi walitti dhufeenyaa firummaa uumuuf jaarmiyaa gahee ol'aanaa qabuudha. Eller (2009) fi Elshtain (2010) akkas jechuun dhimma kana ibsu: "Gaa'elli tarkaanfii jalqabaa hawaasni walitti dhufee firummaa walii umee wal-hormaataaf haala miijeffatuudha. Akasumas, karaa jaarmiyaa fuudhaafi heerumaa namoota dhuunfaa gosa yookiin qomoo garaa garaa ta'an walitti fiduun firmoosee, firummaa dabalataayyuu sanarraa uumuun walitti soddoomsee walii jiraachisuudha jedhu. Jaarmiyaan kun ummata Oromoo

birattis xiyyeffannoo guddaadhaaan kan raawwatu ta'uusaa namoonni dhimma kana qoratan mirkaneessaniiru (Gammachuufi Asaffaa, 2006; Holcomb, 1973).

4.2. Gahee loon cidha fuudhaafi heerumaa Oromoo keessatti qaban

Aadaafi duudhaa Oromoo keessatti, gaa'elli jila guddaafi kabaja qabu ta'uunsa beekamaadha. Akka ragaa-himtoonni ibsanitti, fuutiifi heerumni jifuufi jaatanii^a guddaa, sadarkaa itti ilmi gaheefi intalli geesse tokko maatii ofiirraa adda bahuun jiruufi jirenyaa hawaasummaa bal'aatti cehaniidha. Kana malees, akka Gammachuufi Asaffaa (2006) fi Shaambal (2020) jedhanitti, fuutiifi heerumni raawwilee keessa-lufiinsa jirenyaa ilma namaa ibsan keessaa isa irra deddeebiin yaadatamu ta'u katabaniiru. Haaluma kanaan, gaa'elli aadaafi duudhaa Oromoo irratti hundaa'uun kan raawwatu ta'ee adeemsa ittiin jifuunsaa guutuu ta'ee raawwatu qaba. Jifuu guutuuf qooda cimaa kan qabu ammoo looniifi bu'aalee isaaniti.

Akka ragaan qorannoo kanarrraa aragame agarsiisutti, raawwiin fuudhaafi heerumaa jalqabumaa eegalee looniifi bu'aalee isaan irraa argamaniin alatti raawwatamu hindanda'u. Akka duudhaa tureefi jiruutti, jifuun gaa'elaa loon malee guutuu hinta'u jedhamee dhugeeffatama. Kana jechuun egereen jiruufi jirenyaa namoota wal fuudhanii sun nagaafi hormaata sa'aafi namaa akka qabaatuuf qoodni loon gaa'ela keessatti qaban hedduu murteessaa ta'u isaa hubachiisa. Dabalataan, fuudhaafi heeruma keessatti, qaraxni warri gurbaa warra intalaaf kennan horiidha. Horiin kennamu kunis goromsaafi jiboota yoo ta'an, walumatti horii jahatu^b kennama. Kana jechuun, warri gurbaa warra intalaaf qaraxa isheef *gorba jaha* kenu jechuudha. Akka walii galatti, dhimma kana irraa galumsa isaatiin waanti hubatamu, adeemsa jalqabbii sirna fuudhaafi heerumaa keessatti loon qooda cimaa kan qaban ta'uusaati. Kanas waanti hubachiisu Oromoontapha ijoollie keessatti lakkofsa bakka buusuun *jahan jabbii qaraxa* fiduun duudhaafi qajeeltoo sirna kaadhimanna ilma Oromoo tokko akka barataa guddataniifi gahanii fuudhuuf loon qabaaachuu murteessaa ta'u kan ibsu ta'u isaati.

Gama biraatiin, fuudhaafi heeruma tokko keessatti raawwiilee xixiqqoo looniifi bu'aalee isaaniitin jifuun isaanii guutuu ta'uun raawwataman hedduutu jira. Haaluma kanaan, guyyaa cidhaafi raawwiilee biroo cidha booda taasifaman hunda keessatti, horiin qalmaaf kennaman akka aadaa jiruutti adda ba'ee beekama. Akka kanaan, kormiifi goromsaafi hinqlaman. Keessumaa ammoo goromsaafi duudaan kan dhaltee dil'uun hinbuusin yoo rakkoon akka tasaa uumamee ayyaantuun faloo isaaf akka dhiyaattu ajaje malee, fuudhaafi heerumaafi jila biroo keessattillee tasayyuu kan hinqlamne ta'u ragaan argame nihubachiisa. Haaluma ittiin bulmaata aadaa, amantiifi duudhaa uummaticaatiin kan dhorkamu ta'u raga- himtoonni ibsaniiru. Sababiin isaas, akka aadaatti, wanti hunduu bakka itti dhiyaatu kan qabuufi galumsa isaatiin deemuun qajeeltoo waan ta'eef.

Gama biraatiin ammoo kormi kenna ayyaanota saddeetaa waggaan kabajamanii (Gubaa, Nabiifi Boorantichaa) fi kenna gadaa shananii (buttaa qaluu) fa'a irratti dhiyaatee qalama. Gahee loon cidha fuudhaafi heerumaafi raawwiilee achi keessa jiran keessatti qaban tokko tokkoon xiinxaluuf akka tolutti, raawwi fuudhaafi heerumaa kana bakka lamatti quoduun ilaaluun barbaachisaa ta'a.

^aJifuufi jaataniin qooda/hireefi gawoo itti ilmi gaheefi intalli geesse tokko sadarkaa jirenyaa duraan keessa turan irraa jila godhachuuun gara jirenyaa hawaasummaa biraatti cehuu isaanii ibsuudha. Dabalataanis, jifuufi jaataniin yeroo itti abbaafi haati gawoofi qooda ilmaafi intala isaanii arguun gammadamii isaanis qooda isaaniif malu guutanii jiluun fuusisan/heerumsiisan kan ibsuudha.

^bMatiin Oromo gaafa ilmaan isaa lakkofsa barsiisu tapha *tokkeen tokkittuma* jedhamu keessatti, lama mucha re'een, sadii sunsumaaniin, afur mucha sa'aan, shan ammoo quba harkaan bakka buusanii ibsuun, jaha ammoo jabbii qaraxaati jedhanii barsiisu.

4.2.1. Ilma fuusisuufi gahee loonii

Cidha ilmaaf horiin qalamu adda bahee beekama. Haaluma kanaan, horii kenna keessa hinjirre (hori kabaaya ayaanota saddeeta waggaaf dhiyaatan kan akka kormaafi goromsaa, sangaa qotee gateettii saaqqateefi dullacha sangaa raagaa hintaane)tu qalama. Akka odeeoffattooni keenya ibsanitti, dhiiraaf sa'a, dubartiif ammoo sangaa qaluun aadaafi duudhaa Oromoo keessa hinjiru. Haaluma kanaan, cidha ilmaaf ameessi yookiin ammoo dullachi kan hinqalamne ta'uu ragaan qorannoo kanaan argame nihubachiisa.

Akka odeeoffatotarraa hubatametti, dullachi sangaafi sa'aa kan qalaman, duraa duubaan, sirna awwaalchaa abbaa qe'eefi haadha qe'ee irratti jedhu. **Haala kanaan**, Guyyaa cidha ilmaa sangaa qalanii nyaachisanii fuusisu jechuudha. Gama biraatiin ammoo, sababiin cidha ilmaaf sangaan gateettii saaqqate qalamuuf milkiin gurbaa fuudhoo akka toluuf, hormaatni sa'aafi namaa akka qajeeluuf hawwii qaban ittiin ibsachuufii jedhu. Akka kanaan qoodni gaa'ela isaa guutuu ta'ee egereen jiruufi jirenya isaafi intala inni fuudhuus gaarii ta'a jedhamee dhugeeffatama. Adeemsa kanaa ala ba'anii horii qaba jedhanii safuu, aadaafi duudhaa cabsuun kormaafi goromsa yoo qalan, waan dabatuu itti dhufa jedhamee amanama. Akka dhugeeffata jiruutti, yoo kana hingoone ta'e dabni kunis gurbaafi intalli akka waliif hingalle, egereen isaanii qajeeltoo akka hintaane, horiinis akka hinhorreefi akkasumas ammoo faroo hamtuu biroollee fiduu nimala jedhamee sodaatama. Kanaaf, of-eegganno guddaatu godhamaa jedhu.

Akka achii-as dhufteefi barsiifata Oromoo duraatti, waanti dabni kun akka ta'u taasisu ammoo kormi kan qalamu kabaja jiloota saddeeta waggaan dhufanii, kanneen akka ayaana Nabii, Boorantichaa, gubaafi kenna Gadaa shananii fa'aa irratti qofaa ta'uu isaati. Kanaaf, amantiifi safuu Oromoo cabsanii cidhaaf korma qaluun waan hoodaa^c ta'a jechuudha. Sirni Gadaa waanti hunduu toora ofii eegee akka raawwatuuf ganumuma irraa qabee seera tumee olkaa'eera waan ta'eef akka seera kanaatti buluun dirqama namootaati. Akka odeeoffattooni dhimma kana ibsanitti, dudhaafi seera amantii kana cabsuun immoo egeree jiruufi jirenya namaafi horii ofitiifis gaarii waan hintaanef sodaatama. Dabalataanis, dhimmi kun, achii-as dhuftee amantiifi dhugeeffanna Oromoo irraa eegaluun duudhaa kana hordofuu raawwatamaa kan tureefi jiru ta'us yeroo ammaa garuu guutummaatti baduu baatus, haalli kun laafaa kan dhufe ta'uu ibsu.

Dhimmi armaan olitti ibsame kun raawwii guyyaa jalqabaa cidha ilmaa irratti taasifamu yoo ta'u, itti fufuun, haga guyyaa shaniitti raawwiileen ijoo ta'aniifi loon keessatti qooda ol'aanaa qabanis nijiru. Isaanis akka armaan gadiitti duraa duubaan dhiyataniiru.

4.2.1.1. Jila foroorsaa naquufi gahee loonii

Foroorsaa naquun raawwii jilaa gaafa gurbaan fuudhu obbolaan isaa kanneen heerumanifi warri kaan gurbaan yeroo qeerrummaa isaatiin waahila ta'eef, dhangaalee akka cuukkoofi qorii mana mana ofiitti qopheessanii qabeefi gulgiliitti naqanii ulee keessa baasuun nama lamaan baatanii gara cidhaa fidaniidha. Foroorsaan ulee ittiin dhangaan kun baatamu yemmuu ta'u sirni dhangaa kana ittiin geessan ammoo sirna *foroorsaa naquu* jedhama. Namooti jila foroorsaa naquu irratti hirmaatan baay'ina obbolaafi kan inni waahila ta'eef irratti hundaa'a. Akka aadaatti, dhangaan foroorsaa naquu hamaamota gurbaatu akka intala fuudhatanii galaniin hunda dursee dhamdhama.

Akkaataan jarri kun dhangaa kana dura itti nyaatanis adeemsa hordofu qaba. Innis akka itti aanu ta'a. Akka misirroo fidanii dhufaniin, nama dhangaa sana fidee dhufe harkaa fuudhu filatu. Sana booda, inni

^cAkka aadaafi duudhaa jiruutti, hoodie waan lagatamu/ raawwachuu safieeffatamudha.

filatame sun dhaqee, “Dhangaa foroorsaa meeqa qabda? Kan eenyuufaa fiddan?” jedhe gaafata. Itti fufuunis, erga hunda isaa adda baafatee baree booda, tokko tokkoo dhangaa sana irraa hamma hamaamota isaa al-tokkotti ga’u fal’aanaan irraa fuffuudhatee dhaqee jaratti, “Gurbaan dhangaa foroorsaa haganaa qaba; sana keessaa, hammanni kan obbolaati; hammanni ammoo kan waahilaati,” jedhee itti hima. Sana booda, dhangaa sana harkaa fudhatanii, nyaatanii gurbaa fuudhe sana faarsanii eebbisu.

Egaa raawwii foroorsaa naquu keessatti gahee loon qaban haala galumsaatiin yoo ilaalle, jilli kun dhadhaa malee jifuu kan hinguunne ta’usaa hubachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, dhangaan sirna kanaaf qophaa’u cuukkoofi qoriin hundi bu’aa loonii irraa kan argamu ta’ee fannoo qabeen dhangaa ittiin baatanitti gogaa loonii hodhu. Akka odeef-kennitoonni himanitti, yoo foroorsaan hinjirre gurbaan niqeqama. Yoo obbolaa hinqabulle ta’e,akkamiin waahila ta’uu dadhaba jedhanii hiriyooni isaa qeequ. Walumaa gala, sirni foroorsaa naquu sa’afi bu’aa isaan irraa argamuun alatti raawwachuu kan hindandeenyefi jifuun isaas guutuu ta’uu akka hindandeenye ragaan qorannoo kanaan argame nihubachiisa.

4.2.1.2. Jila hirma furaafi gahee loonii

Hirma furaan raawwiilee guyaa cidhaa ilma fuusisan taasifaman keessaa isa tokko ta’ee yeroo tokko tokko *sabbata hiikaa* jedhamees niwaamama. Akka odeef-kennitoonni keenya himanitti, hirma furaan sirna of danda’ee loon malee jifuunsa guutuu hintaane jedhu. Gaafa fuudhaa, gurbaafi hamaamonni isaa missi~~r~~roo fuudhanii yemmuu dhufan irraa eegalee hanga isheen diinqa geessutti taasifama. Haaluma kanaan, gurbaafi hamaamonni isaa intala fidanii yeroo balbala mana intalli itti galuuf deemtuun ga’an nidhaabatu. Akkaataan dhaabbii isaanis, waahillan intalaas ishee gidduu godhanii ofii bitaafi mirgaan dhaabatu. Sana booda, gurbaan fuudhu dura bu’uun fuuldura isheetti hoolaa qalee dhiiga buusa. Dhimmi kun ammoo *harka saaqqanna* jedhama.

Akka ragaan argame mirkaneessutti, gurbaan osoo abbaafi obboleessi hangafaa jiranii, gaafa gaa’ila isaatiin ala jila kam irrattiyyuu dursee hoolaa morma hinkutu. Kanaaf, guyyaan kun guyyaa inni dursa dhiiga hoolaa buusee itti fufuun ammoo durbummaa intalaas irraa fudhatuudha jedhu. Akkuma dhiiga hoolaa sanaa, durbummaanis dhiigaan^d bu’aa jedhu. Kanaaf, dursee *harka saaqqata*. Sana booda, intala fidanii dhiiga hoolaa sanarra ejjechiisanii, manatti ol galchu jedhu. Haala kana keessatti dhiigarra ejjechuun intalaan kan ibsu ammoo waan hamtuun intala irra yoo jiraatte dhiigicha fudhattee akka badduufi ishee waliin akka mana haaraa isheen itti heerumtu kanatti hinseenneef gaariidha jedhu. Intalli akka kanaan qulqulluu taatee manatti ol-galti jedhu.

Erga intala ol seensisanii diinqa isheef qophaa’e irra teessisu. Sana booda, uffata isheen jijiirattu xibbiqoo fidanii, uffata isheen ittiin dhufte irraa baaftee qooda jalqabaa akka guuttuuf amaatiis waamu. Amaatiinis dhuftee erga teessee booda, waahillan intalaas, ‘Aayyoo hirma furaa’ jedhuun. ‘Tolee jetti.’ Jarri ammoo, deebisanii, ‘Maaliin furtuu?’ jedhanii ishee gaafatu. Yeroo kana haatis duudhaa jiru waan beektuuf qopheeffattee dhaqxi. Akka aadaatti, hirmi kan ittiin furamu looniin.

Kana booda, amaatiin ‘goromsa akkasii’ jettee maqaa dhooftee sabbata mudhii intalaas irraa furtee qooda guutti. Adeemsi haati mudhii intalaas irraa sabbata hiiktu kunis, fuudhaafi heeruma Oromoo Kuttaayee keessatti ‘Hirma furaa’ jedhamee beekama. Adeemsa kana keessatti, hiikni hirma furuu kun akkuma

^dBaartelis (1983, f. 257-285), waa’ee ilmi dhiiga buusee, jechuun bineensota mirgaa kanneen akka gafarsaa, leencaafi yeeyyi ajjeesee galee fudhee isheerraam ammoo durbummaa fudhatee hormaataaf qophaa’uu isaa mata-duree ‘killing and bearing’ jedhu jalatti bal’inaan ibseera.

sabbanni mudhiifi mar'immaanshee walitti qabee jiru qoodaafi jifuu isaatiin irraa hiikametti, hamtuufi dabni garaa ishee keessa jirus, hiikamee haadha ilmaanii haa taatu yaada jedhu ibsa.

Haaluma kanaan, erga hirma furtee booda, amaatiin buna qalaa qopheeffattee fiddee, jalqaba intala yeroo lama afaan keessi. Itti fuftee ammoo lubbuu, mormaafi addashee akkas jettee eebbisaa muuddi.

Hoofkali! Hoofkali!
 Ilma siif haa kennu!
 Intala siif haa kennu!
 Horii badhaadhi!
 Haadha diinqaa ta'i!
 Haadha qe'ee ta'i!
 Goromsaan si fureera,
 Goromsi siif haa hortu!
 Atis hori, oolii buli!
 Anas beeki, abbaakees beeki!
 Abbaa warraa kees beeki!
 Aannaniifi garaa ta'aa! Walitti qabbanaa'aa!
 Booka ta'aa, walitti urgaa'aa!
 Waliin oolaa bulaa! Keessa deebii oolaa!
 Oofkalaa! jettee xumurtee biraad deebiti.

Ergaafi dhaamsi eeba kanaa kan ibsu hawwii hormaata sa'aafi namaaf qabaniidha. Kanaaf, haati gurbaa intala ilmishee fuudhe kana goromsaan furtee eebbistee kan bultiin itti hoo'u, kan hortee dagaagdu, kan safuu beektu, kan maal jedhuufi maal naan jedhoo beektu akka taatu irratti hawwii qabdu dhaamtii jechuudha.

Walii galatti, raawwii hirma furaa kana hiika galumsaa isaatiin yoo ilaallu, iddoofi gaheen loon qaban isa bu'uuraati jechuu dandeenya. Inumaa, looniifi bu'aa isaanii malee hirmilleen akka hinfuramnetu mul'ata. Kan ittiin furan goromsa; kan bunni qalaan ittiin qophaa'ee dhufee intala afan kaa'aniifi muudan dhadhaa sa'aatiin. Kana males aannan sa'aa qabatanii ittiin eebbisu. Kanaaf, sa'a malee jifuun kun guutuu hinta'u jechuudha. Kanaaf, raawwiin kun hunduu sa'aafi bu'aa isaaniitiin qajeltoo isaa eegee raawwatama. Milkiin jara walfuudhees kana malee kan hinqajeelle ta'uu isaa namoonni jabeessanii dubbatu. Erga haala kanaan raawwiin hirma furaa xumuramee booda, intallis diinqa geessee, gurbaan durbummaa ishee irraa fudhatee booda, haga bultii sadiitti gola turuun gaafa bultii sadaffaafi shanaffaa ammoo raawwii itti fufee taasifamatu jira. Jilootni kunniniis akka armaan gadiitti dhihaatu.

4.2.1.3. Jila golaa bahuufi gahee loonii

Sirni golaa bahuu jila hirma furaatti aanee raawwatama. Intalli ol seentee raawwiin hirma furaa hundi amaatiin raawwatee, gurbaanis durbummaashee erga irraa fudhatee booda haga guyyaa sadiitti boroo/gola turti. Abbaafi haadha gurbaatti himul'attu, isaanis diinqa ishee hinseenan. Kana booda, gaafa guyyaa sadaffaa jila jiluun gad-baatee warra gurbaatti mul'atti. Gaafa kana abbaafi haadha gurbaa dabalatee firoonni dhiyoo hundi dhufanii akka dhiyeenya firoomaatiin duraa-duubaan taa'u jedhu odee-kennitoonni.

Erga kun ta'ee booda, gurbaan intala dura bu'ee namoota taa'an kana abbaafi haadha irraa eegaluun jilbaafi gateettii isaanii dhungata. Intalli ammoo margaafi dhadhaa haati ishee yeroo isheen heerumaaf kaate mudaayiitti naqxee waliin ergite harkatti qabattee gurbaatti (dhirsa isheetti) aanuun abbaafi haadha,

akkasumas firoota taa'an hunda akkuma isaatti dhungatti. Yeroo dhungattu kana, dhadhaa sanaan abbaa qara addaa lamaaniin tuqxee, haadha ammoo morma muuddee mataa ishee sirriitti dibuun baatee maatiifi firoota isaatti mul'atti. Oromoo Kuttaayee biratti jilli kun *golaa bahuu* jedhamee waamama.

Akka walii galaatti, jifuun jila golaa ba'uu guutuu ta'ee akka aadaafi duudhaa isaatti raawwachuuuf ga'en loonii hunda caalaa murteessaadha. Haaluma kanaan, raawwiin jila kanaa looniifi bu'aa isaan irraa argamuun alatti kan hintaasifamne ta'uu maanguddoonni naannoo qorannoo kanaa cimsanii dubbatu. Sababiin isaas, raawwii fuudhaafi heeruma aadaa keessatti durbi dhadhaa fudhattee deemuun aadaadha. Kanaaf, loon jila kana guutuu taasisuu keessatti gahee ol'aanaa akka qaban hubachuu barbaachisa.

4.2.1.4. Jila qarree buusaafi gahee loonii

Jila ilma fuusisuu keessatti raawwiin jila golaa bahuutti aanee jilli jiruufi inni xumuraa jila *qarree buusaati*. Jilli qarree buusaa ilmi fuudhee gaafa bultii shanaffaatti raawwata. Akka aadaatti, waahillan intalaan gaafa cidhaatii kaasanii haga bultii sadaffaatti bira turanii gaafa bultii sadaffaa galgala bira galu. Guyyaa tokko mana ofii bulanii galgala bultii atraffaa dhangaalee akka cuukkoofi caccabsaa qabatanii deebi'anii dhufu. Sababiin isaan deebi'anii dhangaalee kanneen waliin gaafa kana dhufaniif ammoo bariitu guyyaa shanaffaa sirni qarree buusaa waan jiruufi raawwiin kun immoo bakka isaan jiran qofatti waan raawwatuuf.

Gaafa guyyaa shanaffaa kana intalli waahila ishee waliin ganama subii kaatee okolee fudhattee laga bishaan isaa bonaafi ganna yaa'uu buuti. Itti fufuun, okolichatti bishaan waraabdee, jjidhaan tuqxee, saardoo/coqorsa kutattee, muka urgeessaas cabsattee gara qe'eetti galuuf qajeelti. Yeroo manatti dhiyaattu, muka yoo rukutan dhiigu (aannan ba'u) kan akka qilxuufi harbuu rukuttee dhiigsiti. Sana booda, gara qe'eetti galti. Yeroo isheen galtutti, shanan ta'uu waan beekuuf, maatiin alatti bahanii, coqorsa lafarra hafanii, coqorsicharra ammoo itillee hafanii qopheessuun irra teessisu.

Sana booda, maatiifi firoottan gurbaa hunduu itti marsanii taa'u. Erga namni hundi dhufee taa'ee booda, waahilli tokkoffaan ka'ee maallaqa rifeensa misirroo irra kaa'uun, kirrii intalli duraan qarrummaa ishee ibsuuf mataatti hodhatte irraa hiikuun rifeensa ishee keessaas qajjiisa tokko kutee isheetti kennee deebi'ee taa'a. Itti aansuun, abbiyyuun ka'ee horii keessaa goromsa tokko oofee fidee misirroo fuuldura dhaaba.

Sana booda, intalli kaatee okolee harkatti qabattee, muka urgeessaal lagaa cabsattee galte sanaan dugda goromsattii irra rukuttee, qajjiisa rifeensa qarreeshee sanas dugda goromsattii irra keessee akka nama horii dallaa yaasee bobbaasuutti achi ooftee qooda guuttee deebitee teessi. Akka odeef-kennitoonni jedhanitti, raawwiin kun *qarree buusaa* jedhame kan waamamu yoo ta'u goromsi intalli haala kanaan dugda irra rukutatee fudhattu kun ammoo *horii qarree* jedhamtee waamamti. Haala kanaan erga sirni kun xumuramee booda namuu dhangaa qophaa'ee nyaatee, dhugee, sirbee waliin taphata.

Egaa raawwii kana keessatti wanti iddo guddaa qabu, looniifi bu'aalee isaanii akka ta'e hubachuu barbaachisa. Qarree buusaanis loon malee kan hinraawwatamneefi isaan malee jifuunsa guutuu akka hintaane ifa jechuudha. Akkuma olitti heerame, misirroo kan irra teessisanii eebbisaniifi ittiin eebbisan, ittiin qarree buusan, walumaa gala, jifuun hunduu kan ittiin guutamu looniin waan ta'eef akkasumas ummata Oromoo biratti ammoo durbummaan bakka ol'aanaa waan qabuuf intala kabaja durbummaan dhufteef kabaja guddaatu kennamaaf. Kabajaafi jaalala isheef qaban kana ammoo goromsa kennuudhaan ibsuuf. Goromsi hortee dabalti, ilmaan isheettillee dabartee bara baraan horii qarreeshee taatee akka mallattootti ilaalamaa wajjin turti. Kanaaf, raawwii kana haala galumsaa isaatiin yoo ilaalle, gaheen

loon achi keessatti qaban ol'aanaafi dhimmoonni duraa duubaan taasifamanis haaluma duudhaa hawaasaa sana baasanii kan ibsan ta'uu isaa hubanna jechuudha.

Erga waa'ee gaheefi gumaata loon fuudha ilmaa keessatti qaban hanga kana ilaalle, itti aansinee ammoo gahee isaan heeruma intala keessatti qaban akka armaan gadiitti gabaabinaan dhiheessina.

4.3. Jila intala heerumiisuufi gahee loonii

Warri intala heerumiisus akkuma warra gurbaa horii qaluun qaama jila fuudhaafi heeruma aadaa Oromoo Kuttaayeeti. Horiin warra intalaatiin qalamuu qabdu ammoo sa'a dhaltee dil'uu buufteefi kan garaa saaqqattee taatee, baay'ee dullattii kan hintaaneedha. Bifti sa'a kanaa akkuma kan warra ilma fuusisuu gurraacha duudaa ta'uu hinqabu jedhu. Jila intala heerumiisuu keessa raawwiilee hedduun jiraachuu baatanis jilli *argaa kennuu* isa tokkoofi kan loon keessatti gahee olaanaa qabaniidha.

4.3.1. Jila argaa kennuufi gahee loonii

Jilli argaa kennuu intala heerumteef kan taasifamu ta'ee akka adeemsa aadaa jiruutti, intalli heerumte sun warra ishee arguuf gaafa isheen deebitee dhuftu mana warrasheetti raawwata. Akkuma beekamu, intalli herumte torbee lama booda deebitee^e galgala mana warra ishee dhaqxee, bulanii bariitu isaa waahillan ishee abbaafi haadha ishee bullukkoo (gaabii) uwvisanii, marga^f erga kennatanii booda dhaabatanii argaa kadhatu. Waanti argaadhaaf kennamuufi hunda caalaa jaalatamu ammoo horiidha. Akkuma kanaan, waahillan intalaas yeroo warra ishee argaa kadhatanis yaada kana irratti hundaa'uudhaan. Achumaan abbaafi haati intala mucayyoon isaanii heerumtee oduu aagaa waan isaan dhageessifteef gammachuu isaanii ibsachuuf goromsa tokko maqaa dhahanii kennuuf.

Akka maanguddoonni himanitti, dhimmi ijoon argaan kadhatamuuf, intalli heerumte durbummaa qabaachuu ishee ibsuufi gammachuu sanaan walqabate agarsiisuudha jedhu. Kanaaf, maatiinis intala maqaa isaanii hinnyaanne kana qabaachuutti nigammadu. Ollaafi firris intala guddisa tolte jedhee gammadaaf. Kanarraa ka'anii, maatiinis *intalli gurra nu falteetti* jechuun goromsa kennuuf. Yeroo argaadhaaf gormosa kennaniif abbaan intalaak jechuun eebbisa:

Oofkali intala koo!
 Bifti kee ana haa fakkaatu,
 Qalbiin kee warra itti dhaqte haa fakkaatu;
 Afaan dhiphadhu!
 Garaa bal'adhu!
 Harkaan kaa'i!
 Garaan da'i!
 Si waaman owwaadhu!
 Nan jedhaarraa maal naan jedhuu beeki!
 Taajjaba nahi; qaanii sodaadhu! jedhee eebbisee argaa kana gammachuudhaan kennaaf.

^eInni intalli heerumtee torbee lama booda dhirsaaifi waahillan ishee faana dhuftee warra ishee ilaaltuun *deebii* jedhamee waamama. Gaafa deebii kanas qooda guutuuf jecha margi nidhihaata.

^fRaawwi kana keessatti 'marga' jechuun 'shaashii'/uffata adii yeroo gurbaan intala bira gahee durbummaa intalaan irraa fudhatu intalli dhiiga sanaan tuqxee miinjee isheetti kennuun isaan ammoo akka ragaatti of harkatti qabachuun yeroo argaa kadhatan warra isheefi namoota kaanitti agarsiisuun maallqaafi horii ittiin walitti qabuuf. Yeroo dhihoo asi maqaa jila kanaa *millaashii*, margaan sirbuu ammoo 'washabaa sirbuu' jedhanii waamu. Millaashiifi washabaan jechoota Afaan Amaaraati.

Qabiyyeen eeba kanaa akka hubachiisutti, bifaan warra irraa dhalatte, qalbiifi amalaan ammoo warra itti heerumte fakkaachuun amala mana warraatti barteen dhaqxee orma waliin buluun ulfaachuu waan maluuf amalaafi qalbii toltee akka abbaa warraafi maatii isaa kabajjee wajjin bultuu qabdi jechuudha. ‘Afaan dhiphadhu’ jechuunis waan argiteefi dhageesse hunda hindubbatin garaatti qabadhuutuma dhiisi, obsa qabaadhu, harkaan qabeenya jiru quşadhu, olkaa’us bar, boru si fayyadaa, kan deessee utubaa maatii itti dhaqxee dabarsitee dhaloota itti aanutti kennitu ta’i, abbiyyuufi amaati k ee kaabaji jechuudha. Owwaannaa toli, maal jedhuufi maal naan jedhoo beeki, safuu beeki, dubbachuurra dhaggeeffachuu filadhu dhimmoota jedhan kan dhaamuufiidha. Akkuma mammaaksi Oromoo “Afaan tolaan afaa tolaa caala” jedhuufi “Ol-kaa’an malee ol-kaatanii hinfuudhan” isa jedhu cuunfee kan ibsuudha.

Goromsa argaa intalaaf kennamte kana gurguruuf namuu mirga tokkollee hinqabu. Sababiin isaa ammoo tokkoffaa goromsi kun akka qabeenya dhuunfaa isheetti waan ilaalamtuuf; akkasumas, gormosi dhaltee waan dabaltuuf, hormaataaf milkiidha jedhamee waan amanamuufi akka aadaafi duudhaa jiruuttimmoo lamaanuu duudaafi fuul-duratti hormaataaf kan eegaman waan ta’eef durba qarreffi goromsa ija tokkoon waan ilaalanifi namni kamuu abbaa warraa isheellee dabalatee, yoo fedha ishee ta’e malee tuquu hindanda’u jedhu.

4.3.2. Meeshaalee biroo intala faana kennaman

Wantoota gaafa durbi heerumtu maatiin ishee faana kennan kanneen biroos nijiru. Isaan keessaa dhadhaafi itilleen adda durumaadhaan heeramuu danda’u. Dhadhaafi itilleen durba heerumtu biraa hinhafan jedhu. Dhadhaa fudhattee deemtu sanatti fayyadamtee gaafa jila golaa ba’uu sana amaati ishee mataa dibdee ittiin muuddi, abbiyyuushee ammoo adda tuqxee eeba ittiin fudhachuu dirqama aadaati jedhu oodef-kennitooni keenya. Dhadhaan yoo ishee waliin hinergamne ta’e manaa fuudhanii itti kenuun safuudha jedhu.

Gama biraatiin itilleen meeshaa aadaa intala heerumtu waliin kennaman keessaa isa tokko waan ta’eef ishee biraa yoo hafe safuudha waan jedhamuuf dirqama kennama jedhu. Sababni isaas itilleen mallattoo ciisa nagaa, ciisa ilmaafi ilmoo, dabalataanis milkii hormaataafi nagaati jedhame waan dhuggeefftamuuf meeshaan dursa guutamuu qabu keessaa isa tokkoo jedhu.

Kana malees, gaafa cidhaa qe’ee warra intalaatiifi gaafa qarree buusaa ammoo qe’ee warra gurbaatti gurbaa fuudheefi intala heerumtee dhufte abbaafi haati gurbaa akkasumas, maangudoonni ollaa itillee irra teessisanii, aannan qabeetti guutanii fidanii unanii itti biifuun⁹ ‘aannaniifi garaa ta’aa’, ‘walitti qabbanaa’aa’ jedhanii eebbisu. Kana jechuun akka aannan garaa namaa qabbaneessutti jiruufi jireenyi keessan gara fuulduraa walitti haa qabbanaa’u jechuudha. Akkasumas, sababiin aannan qabee guutuu ta’eef immoo, jifuun keessan haa guutu, jiruun keessan haa guutu, dhalliifi dhalchi keessan haa guutu yaada jedhu kan ibsuudha. Kanaaf, raawwiilee cidha fuudhaafi heerumaa aadaa Oromoo keessatti looniifi bu’aan isaanii hunduu jifuu guutuu taasisuu keessatti iddo guddaa qabu jechuudha.

5. Goolaba

Qoarannoo kana keessaati, loon cidha fuudhaafi heerumaa Oromoo keessatti gahee ola’aanaa akka qaban ibsuuf yaalameera. Kunis haala hawaasummaa, dinagdee, raawwilee guyyuu, kabaja jilaaleeffi sirna

⁹ Akka aadaa jiruuti, yaadrimen ‘biifuu’ kun jiidha irra buusun walitti qabbanaa’aa, hormaata sa’affi namaa argadhaa, waliif jiidhaa; waliif horaa yaada jedhu kan ibsuudha. Dabalataanis, Waaqni tiifee jiisa, jaarsi ammoo biifee eebbisu jedhanii waan amananiif, jaarsoliin biifanii, jechuun gorora yookiin biqila tuttufanii, eebbisu jechuudha.

fuudhaafi heeruma aadaa keessatti akka mul'atan qorannoo kanarraa hubatameera. Jaarmiyaalee hawaasaa keessaa isa tokkoofi bu'uuraa kan ta'e jilli fuudhaafi heerumaa guutuu taasisuu keessatti qoodni loon qaban ijoodha. Adeemsi raawwii cidha fuudhaafi heerumaa karaa adda addaafi yeroo garaa garaatti duudhaa offi eegee kan raawwatu ta'us jilaalee cidhaa hunda keessatti loon gahee ol'aanaafi kan bakka bu'uu hindandeenye akka qaban hubachuun nidandaa'ama.

Kana jechuun ammoo loon malee fuudhaafi heerumni aadaa raawwatu tokkollee waan hinjirreef jifuufi jaatanii raawwii gaa'eelaa kana guutuu taasisuu qofa osoo hintaane hawaasa birattillee fudhatamaa taasisuuf gahee guddaa qabu jechuudha. Haaluma kanaan, gahee, hiikaa, ergaafi mallattummaa loon raawwii fuudhaafi heerumaa aadaa Oromoo Kuttaayee keessatti qaban hedduufi murteessoo ta'uun qorannoo kanaan hubatameera. Raawwiin jilaa kan ilma fuusisuuufis ta'ee intala heerumiisuu tokko akka aadaafi duudhaa isaatti raawwachuu looniifi bu'aaleen isaanii dirqama barbaachisoodha.

Loon cinaatti bu'aaleen isaanii kanneen akka annan, dhadhaafi itilleen jifuu fuudhaafi heeruma aadaa guutuu tasisuu keessatti gahee cimaa qabaachuu ragaan argame ibseera. Walumaa galatti, raawwii fuudhaafi heerumaa kana qajeeltoo isaa eegsisuu, hiika ergaafi jifuu sirna kanaa guutuu taasisuuf gaheen loon qaban ol'aanaa ta'uusaafi isaan malee jaataniin gaa'ela aadaa Oromoo kamiyyuu qajeeltoofi guutuu ta'uu akka hindandeenye ragaaleen qorannoo kana irraa argaman nimirkaneessu.

Haata'u malee, yeroo ammaa jijiirama hawaasaummaa mul'ataa dhufeen horsiifni looniifi haallii raawwii cidha fuudhaafi heeruma aadaa kunneen jijiiramaa dhufaniiru. Gaheen loon sirna kana keessatti qaban hunduu haalaan laafaa dhufee jira. Kanaaf, har'a cidha fuudhaafi heerumaaf horiin qalamus ilaalamee kan dhiyaatu miti. Akkasumas, fuudhaafi heerumni mataan isaayyuu guutummaatti ta'uu baatus, irra caalaan akka aadaa Oromoo ganamaatti duudhaafi seera isaa eegee raawwataa akka hinjirre qorannoo kanaan hubatameera.

Dhiibbaawan jaarmiyaa bu'uuraa kana irratti mul'atan kanneen xiqqeesuufi yookiin hambisuuf, akkasumas cidhi aadaa Oromoo inni hindeemin dursanii qorannoo bal'aa gaggeessuufi furmaata barbaaduun barbaachisaa akka ta'e qorattooni kun ni'amantu. Dhimma kana bakkaan ga'uuf ammoo qaamoni dhimmi ilaallatu kanneen akka dhaabbilee barnootaa imaammata barnootaa keessa galchuun akka dhaloonni dhufu baratu taasisuu, akkasumas seektaroonni dhimma kanatti dhiyeenya qaban hunduu jila kana waraabani olkaa'uun dhalootaaf raacitii gochuufi qorachuun bifa kitaabaan maxxanfamee dhaloota dhufu bira akka ga'u gochuun barbaachisaa ta'uu yaada furmaataa kaa'aniiru.

Galata

Hojii qorannoo kana gaggeessinee akka xumurruuf qamoota nu gargaaran hunda nigalateeffanna. Isaan keessaa jalqaba irratti odeeffattoota keenya ragaalee qorannoo kanaa nuuf kennuun waan nu gargaaraniif galata guddaa qabnaaf. Itti aansuun Yuunivarsiitiin Jimmaa maallaqa qorannichaaf barbaachisu waan gumaacheef nigalateeffanna. Xumuraratti, Yuunibariistiin Mattuu qorataan keenya tokko barnoota digirii lammaffaa akka baratuuf haala miijessee ispoonsara godheef waan hedduu galateeffanna.

Wabiilee

Abbaa Liiban Dabbasaa Guyyoo. (6410). Yaayyaa. Gumii waaqeffannaa Oromoo Noorweyi. Amanuel Bekuma and Hirpha Ketema. (2018). Productive and Reproductive Performance of

- Indigenous Cows under Farmer's Management System in and around Walmera Distract, Oromia Regional State, Ethiopia. *Int. J. Adv. Res. Biol. Sci.* (2018). 5(10): 65-69. IJARQG (USA).
- Asafa Jalata. (2010). Oromo peoplehood: Historical and cultural overview. University of Tennessee-Knoxville
- Bartels, Lambert. (1975). Dabo: A Form of Cooperation between Farmers among the Macha [Oromo] of Ethiopia. Social Aspects, Songs, and Ritual. *Anthropos*, Bd. 70, H. 5(6) pp. 883-925. Anthropos Institute.
- Bartels, Lambert. (1983). Oromo religion: myths and rites of the western Oromo of Ethiopia: An attempt to understand. Berlin: Dietrich Reimer Verlag
- Belay Duguma, Azage Tegegne and B.P. Hegde. (2012). Smallholder Livestock Production System in Dandi District, Oromia Regional State, Central Ethiopia. *Global Veterinaria*, (5): 472-479.
- Dereje Fufa. (2015). Performances of Gadaa rituals in Macca Oromoo, Ethiopia: PhD Thesis: Andhra University, Visakhapatnam.
- Dorson M. Richard. (1972). Folklore and folklife: An introduction. Chacago University Press.
- Eller, J. David. (2009). Cultural anthropology: Global forces, local lives. UK: Routledge
- Eishtain, Jean. (2010). The Meaning of Marriage: Family, State, Market, & Morals Kindle Edition. Scepter Publishers.
- Filee Jaallataa. (2021). Beekumtaa Oromoo. Max. 2ffaa: Keyline Printing
- Fiixee Birri (2013). *Seenaafi Aadaa Oromoo*. (Max.2ffaa). Mana maxxansaa: EECMY-Misirach Dimts, Finfinnee
- Gemechu Beyene and Assefa Tolera. (2006). Marriage practices among the gidda Oromo, northern wollega, Ethiopia. *Nordic Journal of African Studies* 15(3): 240–255
- Gemetchu Megerssa. (1993). Knowledge, identity and the colonizing structure the case of the Oromo in east and northeast Africa. [Doctoral Dissertation submitted to the University of London, School of Oriental and African Studies.]
- Getnet Bekele. (2002). Contingent Variables and Discerning Farmers: Marginalizing Cattle in Ethiopia's Historically Crop–Livestock Integrated Agriculture (1840–1941). *Northeast African Studies*, 9 (2). pp. 83-100. Michigan State University Press.
- Harrower, J. Michael, J. McCorriston, and D'Andrea A. Catherine. (2010). General/specific, local/global: Comparing the beginnings of agriculture in the horn of Africa (Ethiopia/Eritrea) and Southwest Arabia. *American Antiquity* 75(3), 452–472. <https://www.researchgate.net/publication/272775164>.
- Milkessa Edae, Workineh Dirribsa and Terefe Mitiku. (2017). Hora and Cattle Owners of Maccaa Oromo in Ethiopia: An analysis from Folkloric Perspective. *International Journal of Multicultural and Multireligious Understanding (IJMMU)* 4(4).pp: 40-52.
- Mohammed Hassen. (1990). The Oromo of Ethiopia: a history 1570-1860. Cambridge University Press
- Negaso Gidada. (1984). History of the sayyo Oromo of southern wallagga, Ethiopia from about 1730-1886: Mega Printing Press.
- Negussie, E. Brannang, K. Banjaw and O.J. Rottmann. (1998). Reproductive performance of Dairy cattle at Asella livestock farm, Arsi, Ethiopia. Indigenous cows versus their F1 Crosses. 115 (1998), PP 267-280. Blackwell Wissenschafts-Verlag, Berlin
- R.D. Coertze. (1986). Livestock in the social and cultural life of African communities. *S.-Afr. Tydskr. Etnol.* 9(3) pp. 129 -135.

- Shambel Tufa. (2020). Socio-Economic and Cultural values of Marriage among Arsi Oromos, in Hethosa Woreda in Oromia Regional state, Ethiopia: *Open Journal of Women's Studies*, V (2).pp1-8.
- Solomon Zewdu, Binyam Kassa, Bilatu Agza, Ferede Alemu and Gadisa Muleta. (2014). Smallholder Cattle Production Systems in Metekel zone, Northwest Ethiopia; Research Journal of Agriculture and Environmental Management. 3(2), pp 151-157.
- Tegegn Nuresu. (2011). *In praise of saayyaa*: Oromo songs in praise of the cattle. Harare, Zimbabwe